
Minnesota Department of Health
Waraqaa waa’ee Baayooteereriisiim dhugaa hiimmtu/dubaatu 12/7/2005

# Viral Hemorrhagic Fevers (VHFs)

## Qaama Gubaa / Viral Hemorrhagie Maali?

Viral hemorrhagie Fevers (VHFs) qaama gartuu dhibdoota kan jarmoota/vaairaasootaan (viruses) uumaaman. Dhibdooti kuni dameetoon qaama/nafa/dhaqna-"orrgaan" (organ systems) egaan takkaa hubu/miidhu. Hiddoota dhiiga qaama keessa baatani akka deemanii fi hojjii isaani isaani qaama too'atu sana akka siritti hinhojjin godhu.



*Eeboola vaairesii*

Viral hemorrhagie gubaattiin qaama (VHFs) tokko tokko baayisaani hamoo miti, haata'u malee isaan kaan garu hama waan ta'aniif nama ajjeesu. Yeroo baayee dhiigi akka dhiigu godhu isa kanatiis dabalate miliikiitoota biroo qabu. Dhiigi dhiiguudhan yeroo tokko tokko malee yeroo hunda du'a hinfidu.

Jarmiin Viiral hemrorhagie qaama guubaa (VHF) kan fidu kanatti akka meeshoolii itti dhimma itti ba'amu danda'aman isaan kana

- Eboola (Ebola)
- Maarbarg (Marburg)
- Laassaa (Lassa)
- Nii'uu Wooldi ariinaavaaiiraayuusis (New World arenaviruses)
- Machuupo Bollvii'aan hemorrhagie gubaata qaama (Bolivian hemorrhagie fever)
- Juuniin – Junin (Argentine hemorrhagic fever)
- Gu'aanariito (Venezuelan hemorrhagic fever)
- Saabi'a (Brazilian hemorrhagic fever)
- Riiftii Vaalii Fiiveer (Rifty Valley Fever)
- Busaa/Yeeloo Feeveeri (Yellow Fever)
- Dhukkuba Busoona (Kyaasanur Foorest diisiis vaaris)
- Omaask Hemorrhagie Feever (Omask Hemorrhagie Fever)

## Dhibdoota kuni akkamiiti si argaachuu danda'u?

Uumama keessatti namooni kan isaan dhibee VHFiin qabamuu danda'an silmii dhibee kanaan qaban, bookee busaa ykn qarxaasoota irraatti. Namooni yoo fincaanitti (urine) bu'aan. Bobbaatti fi waan biroo kan qarxaasaa dhibamaniitiinidha. Akkasumas namooni dhibee VHF kana ciniinaa bookee busa ykn silmii (tick) ykn harkaan silmii burusuudhaani. Yeroo tokko akkataa namooni dhibee kanaan itti qabaamuu dandaa'an namaa ifaa miti.

## Dhibdoota kun nama biroo irraa sitti darbuu ni danda'a?

Vaayrasiin VHF tokko tokko waan akka Eboola (Ebola), Maarbuurg (Marburg) fi Laassa (Lassa) namaa irra gara namaatti ni darbu. Dhibdootiin kuni namoota dhiibee kana qaban qaama isaani waliitti yoo bu'an ykn jiidha qaama isaani keessa ba'uitti waliitti bu'uaniidha. Akkasumas namooni waan qul’quuluu hintaane (contaminated) waan akka lilmoota (needle) ykn marfoota (syringes) yoo qaama isaanitti bu'ee dhibeen kuni isaan qabuu danda'a.

Communications Office
625 North Robert Street
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-4989
www.health.state.mn.us

# Viral Hemorrhagic Fevers (VHFs) – Fuula 2

## Maaliitiif dhibdooni kuni akka meeshaa lolaa itti lakkaa’amu?

Vaayrasiin VHF kanneen akka Eboola, Maarbuurg, laassa, busaa fi Woorld arenaaviiraasis dhibdooni kuni bifa bishaaniitti qopheefamuu danda’u.  San booda qilleensatti eda’amuu dhaan dhibdee namatti fidu. Vaayrasiian VHF, Rift Valley Fever dabalatee, yeroo qilleensa keessatti gad lakkifaman, laaboraatorii keessatti dhibee nama qabsiisuun isaanii beekameera.

Biyyaattiin kana dura Soveeti Uniion (Soviet Union) jedhamtu jarmii Maarbuurg (Marburg virus) jedhamu akka meeshaa lolaf ta’u itti hojjette ti.  Akkasumas qoraanoo jarmoota: Eboola (Ebola), Laasaa (Lassa), Riiftii vaalii feverii/ bosaa gamoogii (Rifty valley fever), bosaa (yellow fever) fi Nii’uuw Woorld areenaaviirusiis.  Akkasumas biyi Ameerika (U. S.) jarmoota maree kana irratti qoraana godheera. Kan Ameerikaan qorana irratti hingoodhin jiru: Maarbuurgii fi Eboolaadha. Akkasumas biyyi Kooriya Kibbaa (North Korea) jedhamu jarmii isa busaa (yellow fever virus) akka meeshaa lolaaf ta’uitti qopheesiteeti jedhame ammanama.

## Viral Hemorrhagie qaama Gubaa wal’aanamuu ni danda’a?

Dhibdee Viaral hemorhagie (VHFs) jedhamu tokko tokko qoricha aantii-vaairaasi (anti-virus) jedhaamuun wal’aanuun ni danda’ama. Dhibdootii kanaaf tajaajiilii fi wal’aansi miliikiitoota dhibdoota kanaaf baayee barbaacisaadha.

## Dhibdooti maree kuni akka isaan namaa hinqabneef ittisuun ni danda’ama?

VHFs tokko tokkoof kitii-baatiin ni jira. Akkasumas busaadhaaf (yellow fever) ni jira. Qoraanoon kitii-baatii jarmii VHFs tokkoo tokkoof godhame jira, inni imoo bakka/bikka jamiin kuni uumaama keessatti argaamutiidha. Tattaafiin booke busaa fi silmoota harka jala oolchuun jarmii VHFs tokko tokko ittiisuu ni dandaa’a.

## Maali gochuun nara jira yoo ani jarmii gaaga’ama VHF kanatti kufeera ta’e?

Jarmii VHF kanaatti yoo ati kufteeta ta’e beekuu hindandeessu.  Haata’u malee yoo waa‘ee dhibee kanaaf yaadoo qaba ta’e, dadaafiidhaan dokktoora keetti haasa’ii. Akkasumas yoo haala si shakiisiisu ykn tootoochii tokkoo tokkoo naannoo kee keessatti akkaata itti jarmii dhibee kana hooru fi akka meeshaa lola itti dhimma ba’uuf yaadamaa jira yoo ta’e naannoo keetti  kan argaamu namaa seera eegu itti himmi.